# LABSII FALMATTOOTA MIRGA NAMOOMAA ILAALLATE

*Mirga Namoomaa Waliigalaan Beekamanii fi Bu'uurawwan Bilisummaa Dagaagsuuf Ittisuu Ilaalchisee Labsii Mirgaa fi Itti-Gaafatamummaa Namoota Dhuunfaa, Garee fi Qaamolee Hawaasaa*

09.12.1998

GUYYAA ITTI LABSICHI FUDHATAME

WALII-GALTEE GUMII MOOTUMMOOTA GAMTOOMANIIN KAN FUDHATAME

## FALMATTOONNI KUNI EENYU?

Hunda-galeessa dhiiraa fi dubartii warra kabaja mirga namoomaaf fakkeenyaaf yaada ofii bilisaan ibsachuuf, mirga dubartootaaf, namoota dur-durii kaasanii dhalata biyyaa ta'aniif (indigenous) yokaan bukkichaaf, dubara dubara fedhaniif (lesbians), namoota eenyummaa qaama saalaa jijjiirrataniif (transgender) fi namoota qaama saala durbaa fi dhiiraa wajjin dhalataniif (intersex) jecha namoota waa godhani

## AKKAMITTI FALMATTOOTA MIRGA NOMOOMAA DEGGARUU DANDEESSU?

- Odeeffanno labsii falmattoota mirga namoomaa walii dabarsuun
- Hojii falmattoota mirga namoomaa beeksisuu irratti hirmaachuun
- Dhaabbilee gargaarsaa fi ittisa falmattoota mirga namoomaa deeggaruun
- Falmattoota balaa jala jiran gargaaruun
- Falmataa/Falmattuu Mirgaa Namoomaa ta'uun! Namni hunduu mirgaa fi ittigaafatammummaa mirga namoomaa jajjabeessuu fi ittisuu qaba

## HAALLI LABSICHAA MAAL FAKKAATA?

Hundeen labsichaa, seera addunyaawaa kan dagaagina, ittisaa fi falmii mirgaa namoomaaf barbaachisaa ta'an kan jajjabeessuu fi kan calaqqisuusudha.

## MIRGOOLEE FI ITTISAALEE FALMATTOOTA MIRGA NAMOOMAAF KENNAMAN

- MIRGA NAMOOMAA BIYYA ISAANII KEESSATTII FI ADDUNYAA IRRATTI BEEKSISUU
- AKKA DHUUNFAATTI YOOKAANIS GAREEN TA'UUN MIRGA NAMOOMAAF FALMACHUU
- GAMTAAWWANII FI DHAABBILEE MITI-MOOTUMMAA UUMUU
- NAGAAN WALGA'UU FI GURMAA'UU
- MIRGA NAMOOMAA ILAALCHIISEE ODEEFFANNOO SOQUU, ARGACHUU, FUDHACHUU FI QABAACHUU
- MIRGA NAMOOMAA ILAALCHISEE YAADOLEE FI QAJEELFAMOOTA HAARAA BURQISIISUU, IRRAATTI MARI'ACHUU FI AKKA FUDHATAMA ARGATANIIF DEGGARSA GOCHUU
- HAALA DALAGAA NAMOOTA TAAYITAA IRRA JIRANII QEEQUU FI YAADA FOOYYEE FIDUU DANDA'U DHIYEESSUU, AKKASUMAS MILKAA'INA MIRGA NAMOOMAA ILAALCHISEE KAMIYYUU BEEKSISUU
- QAJEELFAMAA FI GOCHAAWWAN MIRGA NAMOOMAA ILAALCHISEE HIMANNAA DHIYEESSUU FI HIMANNICHIS AKKA QORATAMU TAASISUU
- GARGAARSA OGUMMAA SEERAA DHIYEESSUU FI, FALMATA MIRGA NAMOOMAA KARAA GORSAA FI GARGAARSA BIROON DEEGGARUU
- DHAADDACHA IFAA, ADEEMSAA MANA MURTII FI DHIMMA SEERAAN ILAALAMAA JIRU IRRATTI ARGAMUUN KOMII ISAANII SEERA BIYYOOLESSAA FI DIRQAMA MIRGA NAMOOMAA KAN ADDUNYAA WALIIN WALBIRA QABANII ILAALUU
- DHORKA TOKKO MALEE DHAABBILEE MITI-MOOTUMMAA FI MOTUMMOOTA WAJJIN HAASA'UU
- FURMAATA BU'A QABEESSARRAA FAYYADAMUU
- KARAA SEERA QABEESSAAN HOJII YOOKAANIS OGUMMAA FALMII MIRGA NAMOOMAA QABAACHUU
- SARBAMUU MIRGA NAMOOMAA IRRATTI YEROO MORMII KARAA NAGAAN ADEEMSISAN, ITTISA SIRRII TA'E SEERA BIYYOOLESSAAN ARGACHUU
- MIRGA NAMOOMAA EEGSISUUF QABEENYA MADDISIISUU, FUDHACHUU FI ITTI GARGAARAMUU

KEEYYATA 1, 5, 6, 7, 8, 9, 11, 12 FI 13

## ITTI-GAAFATAMUMMAA MOOTUMMAALEE

- MIRGA NAMOOMAA HUNDA ITTISUU, GUDDISUU FI HOJII IRRA OOLCHUU
- NAMOONNI SEERAAN AANGOO ISAANII JALA JIRAN HUNDI AKKA ISAAN MIRGA NAMOOMAA HUNDAA FI BU'UURAALEE BILISUMMAATTI FAYYADAMAN MIRKANEESSUU
- SEERA, BULCHIINSAA FI TARKAANFIIWWAN BIROO KANA FAKKAATAN FUDHACHUUN MIRGAA FI BILISUMMAA HOJII IRRA OOLCHUU
- NAMOOTA WARRA SARBAMUU MIRGA NAMOOMAAF SAAXILAMNEERRA JEDHANIIF FURMAATA SIRRII KENNUU
- HIMANNAA SARBAMUU MIRGA NAMOOMAA ARIITII FI LOOGII MALEEN QORACHUU
- HOJII MIRGA NAMOOMAA HOJJECHUUN WALQABATEE JEEQUMSA, BALAA, IJAA-BAHUMSA, LOOGII GARAMALEE, DHIIBBAA YOOKAAN GOCHA GARAA GARAA DHUFUU DANDA'AN IRRAA NAMA HUNDA EEGUUF TARKAAFFIWWAN BARBAACHISAN HUNDA FUDHACHUU
- UUMMATA GIDDUUTTI WALHUBACHUU POLITIKAA, DIINAGDEE, SABAA FI MIRGA AADAA FIDUUF JAJJABEESSUU
- HUNDOOMINAA FI DAGAAGINA DHAABBILEE MIRGA NAMOOMAA BIYYOOLESSAA WALABA TA'AN DHUGOOMSUU FI JAJJABEESSUU
- BARSIISNI MIRGA NAMOOMAA SADARAKAA BARUMSAA IDILEE FI LEENJII OGUMMAA MARA IRRATTI AKKA DARBUUF JAJJABEESSUU FI HAALA MIJEESSUU

KEEYYATA 2, 9, 12, 14 FI 15

## ITTI GAAFATAMUMMAA NAMA HUNDAA

- MIRGA NAMOOMAA BEEKSISUU, DIIMOKRAASII FI DHAABBILEE DIIMOKRAASII EEGUU, FI MIRGA NAMOOMAA BIROO SARBUU IRRAA OF EEGGACHUU
- NAMOONNI HOJIIN ISAANII MIRGA NAMOOMAA IRRAATTI DHIIBBAA FIDUU DANDA'U, KEESSATTUU POOLISOOTA, OGEESSOLEE SEERAA, ABBOOLEE SEERAA, FI KKF MIRGA NAMOOMAA EEGSISUU ILAALCHISE ITTI GAAFATAMUMMAA QABU

KEEYYATA 10, 11 FI 18

*Odeeffanoo dabalataaf : **www.protecting-defenders.org***

Design by Oh ! Ilaliss